Duuniyaan meeshaa itti fayyadamanu, irra caalaan meeshaa duuniyaa dubartii gaariidha

Abdullaah ibnu amrii irraa akka odeeffametti -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Duuniyaan meeshaa itti fayyadamanu, irra caalaan meeshaa duuniyaa dubartii gaariidha».

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- duuniyaan waan isii keessa jiru woliin yeroo hanga ta'eef isiin meeshaa isatti qanani'anii eegasii immoo kan dhabamu akka taate fi irra caalaan meeshaa duuniyaadhaa dubartii gaarii, yeroo inni isii ilaale isa gammachiiftu, yeroo inni isii ajajetti kan isaan bultu, yeroo inni isii irraa fagaatetti lubbuu isiitii fi qabeenya isaas kan tiksituuf akka ta'e himani.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/5794